IJAARSI MAGAALAA SIYAATIL WALAKKAA KEESSATTI TAASIFAMU HANGA BARA 2024TTI AKKAMITTI AKKA DEDDEEBINURRATTI DHIIBBAA NI QABAATA

OROMO

Ijaarsa Qarqara-bishaanii: Daandiin Alaaskaa Dhuma 2019 (arfaasaa) jalqaba
Yeroo ijaaramaa jirutti Qarqarri-bishaanii kun banaa ta'a.

Jijjiirama Tajaajila Geejjibaa: Fulbaana 21, 2019
Caalmaatti daandiiwwan konkolaataa ummataa Siyaatil irra deddeebi'un ggamadaa.

Daandii laf-jalaa SR 99 Kaffaltaan Taasisuu: Sadaasa 9, 2019
Daadiiwwan magaalaa walakkaa keessatti tiraafikiin caalmaa akka jiraatu eegaa. Hangi kaffaltaa daandii kan ta'u $1 hanga $2.25 ta'ee darbuudhaaf karaan (Good To Go!) tokko qaba.

2020 Walqabsiisi: Amajji 2020
Yeroo gareen buufataawwan haaraa Sound Transit East Link jedhaman 12 (kan 2023 banaman) walqabsiisaa jiranitti tajaajila daandii baaburaa salphaa hir'ateef torbeewwan 10f qophaa'aa. Onokoloolessaafi Sadaasa 2019 keessa dhum-torbeewwan sadiitiif cufannaan ni jiraata.

Caalaa barachuudhaan maal akka yaaddanis nu beeksisaa:
www.seattle.gov/traffic

Seattle Traffic

City of Seattle

Akkaataa ittiin Deddeebitan Jijjiiruudhaaf Sadarkaawwan Sasalphaa Shan:

1. Dursitanii karoorsuun daandiiwwan magaalaa walakkaa keessa ucufannaan sababa tiraafikaa jiraachuu akka malu eegaa.
2. Bakka ga'uu barbaaddan sana ga'uudhaaf yeroo dabalataa ofiif kennaa.
3. Malawwan geejjibaa haaraa kan akka miilaan deemii, bishkiliitii, ykn konkolaataa ummataan deemuu ykn daandii baabura salphaa yaalaa. Yoo danda'ame qofaa konkolaachisuu dhiisi.
4. Yeroo #SeattleSqueeze ta'utti akkamitta akka deddeebitanirratti malaafi odeeffannoo isin barbaachisuuf marsariitii **www.seattle.gov/traffic** daawwadhaa.
5. Imaltoota birootiif obsaafi gara laafummaa qabaadhaa. Nuti hundinuu walumaan kana keessa jirra!

www.seattle.gov/traffic

SIYAATIL SQUEEZE MAALIDHA?

Waggoota shanan itti aanan, pirojektoonni ijaarsaa dhuufaafi ummataa sirna geejjibaa keenyarra dhiibbaa ni geessisu.

Akkamitti akka Siyaatil keessaafi naannawaa ishee ittiin deddeebinu jijjiiramaa jira. **#SeattleSqueeze**

2019-2024: Magaalaa itti fufinsaan guddachaa jirtudha
Namoota dabalataa, pirojektoota dabalataa